AKKAATAA TALAALLIIN COVID-19 HOJJETU

012121 Afaan Oromoo

Talaalliin COVID-19 akka isin hin dhukkubsanne ittisaa

Ogeeyyiin fayyaa ganda, naannoo fi biyyaalessaa talaallii dhibee COVID-19 fudhachu gorsu. Yeroo ammaa kana, U.S. keessatti talaalliin 2 kan gaheessootaf mirkanaa'ee jira: Pfizer fi Moderna. Talaalliin kun lamaanuu bu'aa qabeessa akka ta'an doozii 2 fudachu barbaachisa. **Namoota doozii 2 fudhatan keessaa 95% dhukkubi COVID-19 irraa eegamaniiru.**

Vayirasii walfakkata ittisuuf talaallii tokko ol fudhachuun waanuma jirudha. Tokkoon tokkoon talaallii kanaa nagaa fi bu'aa qabeessa ta'uun mirkanaa'eera.

Ogeessonni fayyaa hangamif talaalliin kun akka si eegu fi COVID-19 babal'isuu irra si dhaabu barachaa jiru. Namni talaallii barbaadu hundi hanga argatuu yeroo muraasa fudhata. **Talaallii fudhattanillee harka keessan dhiqachuu, maaskii uffachuu, fageenya keessan eeggachuu, akkasumas walitti qabamaa xiqqaa fi gabaabaa godhu itti fufaa.**

Waan isaan godhan

- **Akkamitti akka vaayirasii kooronaa dhibe COVID-19 fidu beeku fi ittisu danda'an qaama kee barsiisu.**
- RNA ergama (mRNA) of keessaa qabu.
- mRNA'n akka maanuwaalii qajeelfamaati. Qaama kee pirootiniin miidhaa hin qabne kan akka pirootinii vaayirasii kooronaa kana irraa jiruu fakkaatuu itti hojjetu barsiisa. Qaamni kee pirootinii kanaaf deebii kennuun fi seelii farra dhukkuba fi farra qaama alagaa dhukkuba koroonnaa kana beekuu fi ittisu danda'u uumaa.
- **Qaamni kee yoo gara fuulduraatti dhibee vaayirasii kooronaa kana arge si ittisuuf qophii ta'a.**

Talaallii COVID-19 keessa maaltu jira?

Talaalliin Pfizer fi Moderna mRNA fi wantoota mRNA'n qaama kee keessatti akka hojjetuuf gargaaruuf qabaa: faatii, potassium, orgaaniikii kompaawundii mRNA asiidii, ashaboo, fi sukkara baay'ee irraa ittisuuf.

Talaalliin oomisha booyyee, hanqaaquu, latex, yookiin keemikaala talaallii eeguuf gargaruu **hin qabu**.

Wanti isaan hin goone

- Vaayirasii kooronaa **hin qaban** fi COVID-19 sif kennu hin dandda'an.
- DNA yookiin meeshaa genetic kee **hin jijjiiran**. Isaan niwukilasii seelii kee- bakka DNA'n jiraatu keessa **hin seenan**.

Multnomah County
Health Department

Talaallii kana eenyutu argachuu danda'a?

- Gaheessoota umuriin isaani waggaa 16 fi sana ol ta'an (Pfizer)
- Gaheessoota umuriin isaani waggaa 18 fi sana ol ta'an (Moderna)
- Kannenif doktora ykn kilinika kee waliin haasa'i:
  - Ulfaa ykn haadha harma hoosisaa jirtu yoo taate, ykn
  - Alarjii cimaa kan qabduu yoo ta'e

Saayintistoonni talaallii daa'immanii fi dargaggootaa umuriin isaani waggaa 16 gadiitiif hojjechaa jiru.

Miidhaawan Cinaa

Namoonni baay'een erga talaallii argatanii booda miidhaawan cinaa salphaa qabu. Kun mallattoo qaamni kee waan gochuu qabu hojjechaa akka jiru agarsiisaa: ittisaa dhukkuba ijaaruu.

- Miidhaawan cinaa bebbeekamoon iddoo talalli itti fudhatanitti diimachuu ykn dhukkubbii, dhukkubbi mata, dadhabbi, fi/yookin ho'iinsa qaamaa gadi bu'a (100.4 gadi) dabalata. Mallattoowwan kun erga doozii lammaffa booda baay'ee mul'atu.
- Mallattoowwan kun guyyoota muraasa keessatti mataa isaaniin dhabamuu. Yoo isaan dhabamu didan, doktora ykn kilinika keettiif bilbili.

Kun darbee darbee muudata, garuu namoonni tokko tokko deebii alarjiikii cimaa qabachuu turan. Namoonni kun hundi gargaarsa fayyaa battalumatti argataniiru.

- Namni talaallii kana argate hundi ergas booda yoo xiqqaate daqiiqaa 15 eeguu qaba, kunis miidhaawan cinaa yoo qabaatan hojjattoonni fayyaa isaan gargaaruu danda'u.
- Yoo yeroo darbe deebii alergii cimaa qabaatte, doktora yookiin kilinika kee waliin haasa'i.

Gaffi yookin mira wal makaa yoo qabatte deggarsi ni arggama

Talaalliin tarii akka nutti naannawa namoota isaaniif yaannuu waliin akka argamnu akka gargaaru abdii sitti dhaga'amuu danda'a. Sodaan sitti dhaga'amuu danda'a. Ati nama bifa yoo taate, talaallii sirna yaalaa hawaasa kee birati amanamummaa cabse irraa dhufan amanu danda'u kee gaafachu hin ooltu. Sanyiidhaan wal qoqqooduu yaalaa keessa kan durii fi kan ammaa illee dhugaa dha. Dhimmota qabaachuun ni hubatama. **Caalaatti baradhu akkasumas deeggarsa argadhu**:

- Doktora ykn kilinika kee waliin haasa'i. Yoo doktori hin qabanne, 2-1-1 bilbila ykn Multnomah County Primary Care Clinics: 503-988-5558 | multco.us/health/primary-care-clinics
- Yoo gosumman sammu fi miiradhan midhamte gara Oregon Statewide Racial Equity Support Line bilbili: 503-575-3764 | linesforlife.org/racial-equity-support-line
- Gargaarsa miira fi qabeenya referraliif Oregon Statewide Safe + Strong Helpline dhaf bilbili. Mudanaa kessa ta'u hin qabdu. 1-800-923-HELP (4357) | linesforlife.org/obhsl
- Odeeffannoo dabalataaf multco.us/covid-vaccine daawwadhaa.

ODEEFFANNOO WAYITAAWAAF MULTCO.US/COVID19 DAAWWADHAA

Multnomah County Health Department